# Daa’ima keessan gara hospitaala biraatti dabarsuu

Daa’imni keessan Kutaa Kunuunsa Cimaa Daa’immanii (newborn intensive care unit yookiin NICU) keessatti foyya’ina muldhisaa dhufuuf baga gammaddan. Daa’imni keessan haala gaariirra jiraachuun waan nama gammachiisu fi asii bahuudhaaf yeroon dhihaachaa jira. Kun milkaa’ina sadarkaa jiruu keessatti waan guddaa.

Sadarkaan kunuunsa daa’ima keessanii kan itti aanu hospitaala biraa keessatti kutaa kunuunsa addaa daa’immanii (Special Care nursery) keessatti ta’a.

Daa’ima keessan NICU irraa gara kutaa kunuunsa addaa daa’immanii fi sana booda gara manaatti jijjiiruun miiraa gammachuu fi yaaddoos uumuu dandaha. Garuu itti yaadanii karoorsuu fi deeggarsa argachuun wanti hundi akka gaariitti deemuuf barbaachisaadha.

Waan ta’aa jiruu fi maal akka fuulduratti ta’uu akka isin hubattan isin gargaaruu barbaanna. Gaaffiiwwan haadholii fi abboonni nu gaafatan tokko tokko kunooti.

## Mucaan keenna maaliif gara biraatti jijjiirame?

Kutaa Kunuunsa Cimaa Daa’immanii Hospitaalli Dubartootaa (The Womens) keessatti argama. Yeroo daa’imni keessan kana booda sadarkaa kunuunsa cimaa (intense level of care) kana hin barbaanne, bakka kunuunsa addaa daa’immanii (Special Care nursery) keessatti kunuunfamuutuun gaarii dha. Achi yeroo jirtan, hojjettoonni siifi daa’imni kee gara manaatti deebi’uuf akka qophooftan isin qarqaaru.

## Hospitaala haaraa kana keessatti kunuunsi maal fakkaata?

Hojjettoonni yaalaa fi narsiin kunuunsa addaa daa’immanii keessatti argaman daa’imman dhukkubsatan fi yeroo malee dhalatan kunuunsuu irratti gahumsaa fi muuxannoo kan qabani dha. Daa’imni keessan Iddoo Kunuunsa Addaa kana keessatti fooyya’ina muldhisaa yeroo deemu/tu meeshaalee fi too’annaan barbaachisuuf xiqqaataa deema.

Hojjettoonni akka ofitti amanamummaa qabaattanii daa’ima keessan nyaachistan, dhiqxan fi kunuunsitan deeggarsa akka maatiittii isiniif kennu. Akkaataan hojii Hospitaala kamiiyyuu xiqqoo adda.

Akka maatiiti garee kunuunsa daa’ima keetii keessatti isin qaama barbaachisaa dha. Muuxannoo keessan hojjettoota hospitaala haaraa kanaaf qooduu irraa duubatti hin jedhinaa. Yeroo gara kunuunsa addaa daa’immanii geessu hojjettoonni waan daa’imni keessan jaalatu fi jibbu, tooftaalee tasgabbeessaniin, fi filannoo biraa kamiyyuu itti beeksisaa. Daa’imni hundi adda waan ta’eef odeeffannoo dhuunfaa kana kennuun hojjettoonni siifi daa’ima kee caalaatti akka beekan gargaara.

Jijjiiramni kunuunsa daa’ima keessanii irratti yoo wanti isinitti hin tolle jiraate, doktora, narsii ykn hogganaa yuunitii waliin haasa’aa. Akkamitti si ykn daa’ima kee irratti dhiibbaa uumuu akka danda’u yaaddoo yoo qabaattan himaa.

## Daa’imni keessan akkamitti gara biraatti adeemsifama?

Tajaajilli geejjibaa daa’immanii addaa (PIPER) daa’ima keessan hospitaala tokko irraa gara hospitaala biraatti nagaan isiniif geessa. Hogganaan kunuunsaa (care manager) fi gareen eegumsa fayyaa keessanii akkaataa kun itti hojjetu siif ibsu.

## Odeeffannoon daa’ima keessanii akkamitti dabarfamee kennama?

Hogganaan kunuunsa keessanii fi doktorri daa’ima keessanii mana daa’imaa hospitaala haaraa sanatti argamu ni qunnamu. Doktorri daa’immanii (paediatrician) fi narsoonni waa’ee fayyaa fi kunuunsa daa’ima kan darbee fi haala ammaa irratti odeeffannoo bal’aa ni argatu. Yeroo jijjiirraatti xalayaan gadhiifamuu daa’ima keessan waliin ni deema. Koppii kanaa ni argattu.

Daa’imni keessan torban 28 dura yoo dhalate, ulfaatina giraama 1000 gadi yoo tahe ykn hoo’a qaamaa akka gadi bu’uuf waldhaansa kana dura yoo argate (therapeutic hypothermia), hospitaala dubartootaatti Kilinika Hordoffii Daa’immaniititti beellama hordoffii waggaa lama booda ni kennamaaf. Beellama kana qabachuuf naannoo guyyaa dhaloota daa’ima waggaa 2ffaatti isin qunnamu.

Yeroo kanatti teessoon keessan yoo jijjiirame, maaloo 03 8345 2240 bilbiluun Qindeessaa Kilinika Daa'imman dhiheenya dhalataniititti (Newborn Clinic Coordinator) beeksisaa.

## Daa'imni  keessan osoo hin jijjiiramiin dura mana daa'immanii daawwachuu dandeessu?

Eeyyee, hogganaan kunuunsa keessan (care manager) daawwannaa mana daa'immaniitiif yeroo isiniif mijeessuu danda'a. Gaaffii ykn waan siif godhamuu qabu kan addaa yoo qabaattan yeroo daawwannaa itti himi. Akkasumas kallattiidhaan mana daa'immanii qunnamuu dandeessu. Kana gochuudhaan, daa'imni keessan eessatti akka kunuunfamu hubannoo gaarii ni qabaattu, akkasumas waa'ee mana Kunuunsa Addaa daa'immanii ofitti amanamummaa guddaa akka qabaattu isin godha.

## Daa'imni keessan yoom jijjiirama?

Jalqaba, daa'imni keessan jijjiirraadhaaf fayyaa gaarii fi tasgabbaa'aa akka ta'e ni mirkaneessina.

Daa'imni keessan yeroo sireen mana Kunuunsa Addaa daa'immanii keessatti argamu jijjiirama. Yeroo baayyee, guyyama jijjiirraa irratti nutti himama. Hogganaan kunuunsa kee yeroo jijjiirraan itti godhamuuf karoorfame isinitti hima. Kuni yeroo gabaabaa duratti isinitti himamuu danda'a.

## Namoonni jijjiirraan kuni waan daa'ima keessaniif gaariiti siin jedhu, garuu jijjiirraan kuni yoo isin mufachiise ykn yaaddoon isinitti uume hoo?

Tarkaanfiin kun tarkaanfii gaarii ta'us, maatiin tokko tokko siree daa'ima isaanii isa jalqabaa, hojjettoota hospitaalaa fi maatiiwwan hafanitti nagaa dhaamuun isaanii gaddi akka itti dhagahamu taasisa. Jijjiiramni daa'ima keessan ilaalchisu irratti yaaddoon sitti dhaga'amuun waanuma jirudha.

Miira kana qabaachuu fi yeroo kanatti maatii, hiriyoota, ykn ogeessota irraa deeggarsa dabalataa barbaaduun waan nama saalfachiisuu miti.

Yoo deeggarsa dabalataa barbaaddan, maaloo jijjiirraa dura ykn booda garee hojii hawaasummaa (social work) waliin haasa'aa.

## Odeeffannoo dabalataa argachuuf ykn yaaddoo yoo qabaatte eenyuun haasofsiisuu dandeessa?

Hogganaan kunuunsaa (care manager) kee, Doktoroonni fi hojjettoonni hawaasummaa yaaddoo ykn gaaffii qabdan kamiyyuu irratti mari'achuuf qopheedha. Murtoon murtaa'u kamiyyuu yoo si yaaddesse, Qunnamtii Fayyadamtootaa (Consumer Liaison) wajjin akka dubbattus gaafachuu dandeessa.

## Tajaajila fi deeggarsa

Yoo ati ykn daa'imni kee jijjiirraa booda kunuunsa hospitaala dubartootaa keessatti itti fufu qabaattu tahe, gareen eegumsa fayyaa itti gaafatamummaa qabu si ykn daa'ima kee gara tajaajila hospitaalatti ykn hawaasa keessatti argamutti isin dabarsu. Haalli karoorfame akkam akka tahe daa'imni keessan osoo hin baaneen duratti isin waliin ni mari'atama.

## Lakkoofsa bilbilaa

**Qunnamtii Fayyadamtootaa hospitaala dubartootaa**

Isniina hanga Jimaataatti, sa'aatii 9am-5pm
Bilbili: 03 8345 2290 or 03 8345 2291
Email: consumer.liaison@thewomens.org.au

**Kutaa Kunuunsa Cimaa Daa'imman dhiheenya dhalatanii.**
**The Royal Women's Hospital (Hospitaala Dubartootaa Rooyal)**

Bilbili: 03 8345 3400

## Turjumaana si barbaachisa?

Interpreter

Turjumaana yoo barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii (Family Violence Support)

**1800 Respect National Helpline (1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja)**

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsifamte gargaarsa argachuu dandeessa.
Guyyaa yookiin halkan sa'aatii kamiyyuu bilbilu ni dandeessa.
1800 737 732  1800respect.org.au

**Hubachiisa:** Waraqaan kuni odeeffannoo waliigalaa qofa dhiyeessa. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii ykn daa'ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women's itti dhimma bahuu barruu kana irratti osoo ogeessa fayyaa hin argin miidhaa yookiin kasaaraa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo ati ykn daa'imni kee yaala hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (Emergency) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.
© The Royal Women's Hospital 2024.